# Namichi tokko wuduu’a raawwatee bakka hanga kottee geessu wahii miila isaa irratti dhiise, Nabiyyiin nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, isa arganii akkana jedhaniin: “Deebi’ii wuduu’a kee akka gaariitti raawwadhu” namichis deebi’ee wuduu'a godhatee, eegasii salaate

Jaabiir irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaalatu akkana jedhe: Umar bin Al-Khaxxaab waan armaan gadii kana naaf odeesse: Namichi tokko wuduu’a raawwatee bakka hanga kottee geessu wahii miila isaa irratti dhiise, Nabiyyiin nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, isa arganii akkana jedhaniin: “Deebi’ii wuduu’a kee akka gaariitti raawwadhu” namichis deebi’ee wuduu'a godhatee, eegasii salaate.
[ragaalee isaatiin sahiiha] [Muslimtu gabaase]

Umar, Rabbiin irraa haa jaalatu, Nabiyyiin nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, namicha tokko kan wuduu’a isaa xumuree, waan hanga kottee qubaa kan bishaan wuduu'aa isa bira hin gayin miila isaa irratti dhiisee akka argan gabaase, Eegasii bakka dagannoon itti mul’atutti akeekun akkana isaan jedhani: Deebi’ii wuduu’a kee bareechii guutii humna hundaafuu bishaan irraa haqa isaa kenniifii godhadhu. Namichis deebi’ee wuduu’a isaa guuttatee, eegasii salaate.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/8386